BULCHIINSA KUTAA MAGAALAA EEKKAA WIIRTUULEE GURMUU AANAA 10-12TTI
QORMAATA MOODEELAA LAMMUMMAA SEMISTEERA 2FFAA MARSAA 1FFAA
KUTAA 8 FFAA BARA 2016/2024

Yeroo kenname : Sa'aatii: 1:00

I. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi

1. Kanneen armaan gadii keessaa tokko barbaachisummaa heerummaati.
   A. Garaagarummaa babal'isuuf C. Aangoo daangaa hinqabne babal'isuuf
   B. Sirna Dimookiraasii dagaagsuuf D. Walqixxummaa sarbuuf
2. Kanneen armaan gadii keessaa amala gaarii kan ibsu kami?
   A. Ejjennoo Dhabuu C. Malaanmaltummaa
   B. Amanamummaa D. Walqixxummaa sarbuuf
3. Amala isaanii irratti hundaa'uun heerri bakka meeqatti qoodama?
   A. 2 B. 3 C. 4 D.1
4. Kanneen armaan gadii keessaa garaagarummaa kan hinibsine kami?
   A. Nama irraa kan baratamuudha C. Muuxannoon kan gabbatuudha
   B. Uumamaan kan jiruudha D. Waan gaarii yaaduudha
5. Rakkoolee dhabamuu heerummaan dhufan kan ta'e kami?
   A. Seera maleessummaa C. Walqixxummaa mirkaneessuu
   B. Daangaan aangoo jiraachuu D. Sirna Dimookiraasii Dagaagsuu
6. Kanneen armaan gadii keessaa gara laafummaan maaliin ibsama?
   A. Namoota biroof yaaduu C. Nama biroof dhimmamuu dhabuu
   B. Loogii gochuu D. Faayidaa ofiif dursa kennuu
7. Mirgi siviilii fi Siyaasaa maal jedhamuun ibsama?
   A. Mirga obbolummaa C. Mirga walabummaa
   B. Mirga lubbuun jiraachuu D. Mirga dhaloota 2ffaa
8. Daa'imman gaarummaa barsiisaa guddisuun maaliif fayyada?
   A. Faayidaa ofii isaanii qofa akka yaadaniif
   B. Hawaasa irratti ba'aa akka ta'aniif
   C. Iddoo hundatti ilaalcha gaarii akka qabaataniif
   D. Fedhii isaanii qofaaf akka jiraataniif
9. Biyyoota sabaa fi sablammoota hedduu qabdu keessatti caaseffamni mootummaa baay'ee barbaachisaa ta'e isa kmi?
   A. Konfederaalawaa C. Federaalawaa
   B. Tokkummaawaa D. Wal makaa
10. Kanneen armaan gadii keessaa tokko cimina mootummaa Dargiiti.
   A. Lafa qonnaan bultootaa saamuu
   B. Mana barnootaa cufsiisuu
   C. Sirna mootummaa ammayya'aaf bu'uura ta'uu
   D. Duula dubbisuu fi barreessuu babal'isuu

11. Mirga Walqixxummaa yookiin mirga dhaloota 2ffaa kan jedhamu kami?
A. Mirga walqixxummaa C. Mirga dimookiraasii
B. Mirga obbolummaa D. Mirga dinagdee, aadaafi hawaasummaa
12. Mirga ofiin of bulchuu jajjabeessuun cimina caaseffama mootummaa kamiiti?
A. Tokkummaawaa C. Gonfoo
B. Konfederaalawaa D. Federaalawaa
13. Seenaa biyya keenya Itoophiyaa keessatti yeroon bara 1991 ALA- 1995 ALA gidduu jiru maal jedhama?
A. Yeroo ce'umsaa C. Yeroo mo'amuu
B. Yeroo bilisummaa D. Yeroo injifannoo
14. Amaloota caaseffama mootummaa tokkummaawaa kan ta'e kami?
A. Aangoon harka mootummaa giddu galeessaa jiraachuu
B. Qoqqoodiinsa aangoo qabaachuu
C. Ofiin of bulchuu jajjabeessuu
D. Walqixxummaf beekamtii kennuu
15. Walitti bu'iinsa yeroon furuun maaliif fayyada?
A. Lubbuun baduu B. Qabeenyi manca'uu
B. Lubbuun baduufi manca'iinsa qabeenyaa hambisuuf D. Beelli mudachuu
16. Sirni bulchiinsa mootummaa paarlaamentaawaa eenyuun hoogganama?
A. Mootummaa giddu galeessaa C. Mootummaa Gonfoo
B. Muummee ministeeraa D. Pirezidaantii
17. Sirna bulchiinsa mootummaa pirezidaantawaa keessatti dura bu'aan mootummaa fi bulchiinsaa eenyu?
A. Muummicha ministeeraa C. Pirezidaantii
B. Humna waraanaa D. Mootummaa
18. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu adda?
A. Ilaa fi ilaamee C. Mana murtii
B. Maanguddummaa D. Jaarsummaa
19. Kanneen armaan gadii keessaa gahee pirezidaantii kan ta'e kami?
A. Seera hiikuu C. Paartilee siyaasaa hoogganuu
B. Seera tumuu D. Dippilomaatota simachuufi bobbaasuu
20. Sirna mootummaa pirezidaantawaa keessatti uummatni kallattiin eenyuun filata?
A. Muummee ministeeraa C. Mootummaa
B. Uummata D. Pirezidaantii
21. Adeemsi namootni wal dhaban giddu seentummaa qaama sadaffaa malee dhimma isaanii mariin xumuratan maal jedhama?
A. Ilaa fi ilaamee C. Maanguddummaa
B. Jaarsummaa D. Mana murtii
22. Tasgabbii fi haqni hawaasa keessa jiraachuu fi Olaantummaan seeraa jiraachuun maaliin ibsama?
A. Nagaa C. Haqni dhabamuu
B. Ijaarasa nageenyaa D. Loogii

23. Heera mirgoota namummaa naannolee ilaalchisee kamtu soba?
    A. Heera Mootummaa Federaalaa irraa fudhachuun dirqama miti.
    B. Kallattiin Heera Mootummaa Federaalaa irraa fudhachuun dirqama.
    C. Heera Mootummaa Federaalaa waliin wal faallessuu hinqabu.
    D. Kallattiin Heera Mootummaa Federaalaa irraa kan fudhatameedha.
24. Mirgoota armaan gadii keessaa isa kamtu bu'uura mirgoota hundaati?
    A. Mirga walqixxummaa C. Mirga kabajamuu
    B. Mirga bilisummaa D. Mirga lubbuun jiraachuu
25. Walitti bu'iinsa ilaalchisee kamtu soba?
    A. Jiruu fi jireenya keenya keessatti nu mudachuu danda'a.
    B. Yeroo tokko tokko akka carraatti fayyada.
    C. Karaa nagaan furamuu danda'a.
    D. Yeroo kam iyyuu nu mudachuu hin danda'u.
26. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?
    A. Bulchiinsi qaama hin mul'anneedha B.Bulchiinsaa fi mootummaan hariiroo hinqabani.
    B. Mootummaan qaama mul'atuudha. D. Bulchiinsi sammuu mootummaati.
27. Amala mirga namummaa ilaalchisee kamtu soba?
    A. Mirga walii galaati C. Kan namni namaaf hin laanneedha.
    B. Mirga uumamaati D. Namarraa mulqamuu danda'a.
28. Daa'imman hojii umurii isaanii olii hojjechiisuu ilaalchisee kamtu sirrii miti?
    A. Fayyaa isaanii irratti miidhaa geessisa C. Dandeettii qaamaa fi sammuu ni horatu
    B. Mirga namummaa sarbuudha. D. Guddinni isaanii ni quucara
29. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mirga siivilii fi siyaasaati
    A. Hojii fedhan dalaguu C. Mirga nageenya qaamaa
    B. Carraa hojii argachuu D. Mirga jireenya gaarii jiraachuu
30. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu adda?
    A. Uummata B. Bulchiinsa C. Mootummaa D. Birmadummaa
31. Heera ilaalchisee kamtu sirrii miti?
    A. Seera bu'uuraa biyya tokkooti. C. Bakka hundatti hojjechuu dhiisuu mala
    B. Seera seeraan oliiti. D. Namni hunduu heeraan bula
32. Heerri fooyya'uuf adeemsa salphaa gaafatu kami?
    A. Heera salphaatti hin fooyyofne C. Heera barreeffamaa
    B. Heera miti barreeffamaa D. Heera Federaalaa
33. Heera barreeffamaa ilaalchisee dhugaa kan hin taane kami?
    A. Lammiileen haala salphaatti mirga isaanii adda baafatu
    B. Abbaa irrummaa ittisa
    C. Haala salphaan fooyya'uu danda'a
    D. Barnootaaf tajaajila

34. Sirna duudhaafi jaarmiyaa hawaasaa keessaa maddee suuta suuta guddachaa hawaasichi ittiin wal geggeessu maal jedhama?

A. Mootummaa C. Jaarmiyaalee xabboo
B. Jaarsummaa D. Duudhaa

35. Bilisummaa hojii fedhan hojjechuu, qabeenya horachuu, itti fayyadamii fi dabarsuu kan ta'e kami?

A. Bilisummaa qaamaa C. Bilisummaa dinagdee
B. Bilisummaa siyaasaa D. Bilisummaa sammuu

36. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu adda?

A. Mirga sivilii fi siyaasaa C. Mirga obbolummaa
B. Mirga dinagdee fi hawaasummaa D. Mirga lubbuun jiraachuu

37. Barmaatilee mirga dubartootaa sarban kan hin taane kami/

A. Butii C. Kittaana
B. Dirqiin gudeeduu D. Wal qixa kabajamuu

38. Akaakuuwwan mirgoota namummaa keessaa inni sadaffaan isa kami?

A. Mirga dinagdee C. Mirga aadaa
B. Mirga hawaasummaa D, Mirga obbolummaa

39. Carraa walqixa qabaachuufi tajaajila wal qixaa argachuun maaliin ibsama?

A. Mirga walqixxummaa C. Bilisummaa
B. Aadaa D. Obbolummaa

40. Barmaatilee miidhaa geessisan kan hintaane kami/

A. Huuba qoonqoo muruu C. Kittaana
B. Duudhaa hawaasaa barsiisuu D. Gubaa

41. Faayidaa ijaarasa nageenyaa kan hin taane kami?

A. Hookkara xiqqeessuu C. Diigumsa hambisuu
B. Walitti bu'iinsa babal'isuu D. Qisaasa'ina qabeenyaa hambisuu

42. Danaqaalee sirna dimokiraasii biyya keenyaa kan hin taane kami?

A. Hannaa fi saamicha C. Hiyyiummaa
B. Walqixxummaa D. Hubannoo dhabuu

43. Aangoon bulchiinsa mootummaa akkaataa heeraa fi seeraan hojiirra ooluu kan agarsiisu kami?

A. Heera B. Heerummaa C. Seera D. Aadaa

44. Walitti bu'iinsi amantaan, biyyaafi murna adda addaa gidduutti uumamu maal jedhama?

A. Walitti bu'iinsa garee C. Wal hubannaa dhabuu
B. Walitti bu'iinsa fedhii D. Walitti bu'iinsa salphaa

45. Sirnoota bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa keessaa sirna Federaalizimii kan hordofu isa kami?

A. Mootummaa Gonfoo C. MFDRI
B. Mootummaa Dargii D. Sirna dimookiraasii

46. Heerri, qajeelfamoonnii fi dambiiwwan barreeffamaan jiraatanii garuu hojiirra hin oolle maal jedhamu?

A. Heera maqumaaf qophaa'e C. Heera barreeffamaa
B. Heera hojiirra oole D. Heera hin barreeffamne

47. Bulchiinsi fedhii ofii guuttachuuf jecha seera cabsuun gocha badaa mirgoota namoota biroo irratti raawwatu maal jedhama?

A. Seera maleessummaa C. Bulchiinsa akka feetee

B. Abdii jireenyaa dhabuu D. Heerummaa

48. Heerri Tokkummaawaa:

A. Qoqqoodiinsa aangoo qaba C. Aangoo hunda mootummaa giddu galeessaaf kenna

B. Sadarkaa lama of keessaa qaba D. Heera Federaalaati

49. Dambiiwwan, qajeelfamoonni, aadaa hawaasaa fi kallattiin siyaasa biyya tokkoo dookumentii tokko keessatti qindaa'anii jiraachuun maal jedhama?

A. Heera hin qindoofne C. Heera hojiirra hin oolle

B. Heera hojiirra oole D. Heera barreeffamaa

50. Jaarmiyaa xabboo ummanni Walaayittaa walitti bu'iinsa ittiin furu isa kami?

A. Kanchii B. Abbagaar C. Luwaa D. Awaassiyaa

51. Walitti bu'iinsaaf furmaata kennuun maaliin ibsama?

A. Mo'uu B. Mo'amuu C. Diiguu D. Araarsuu

52. Kaayyoo gurguddoo caaseffama mootummaa konfederaalawaa kan hin taane kami?

A. Humna ittisaa waliinii C. Walitti bu'iinsa

B. Maallaqa waliinii D. Daldala waliinii

53. Sadarkaa hundatti hooggansa wal fakkaataa kennuu dhabuun hanqina caaseffama mootummaa isa kamiiti?

A. Konfederaalawaa C. Federaalawaa

B. Tokkummaawaa D. Abbaa Irree

54. Gara laafummaa, naamusaa fi cichoominni fakkeenya amala _____ti.

A. Arjummaa B. Doqnummaa C. Gaarummaa D. Naamusa

55. Amanamummaan maaliin ibsama?

A. Loogii C. Soba

B. Haqa dubbachuufi hojjechuu D. Malaanmaltummaa

56. Murtoo tokko murteessun dura irra deddeebi'anii yaaduun amala namoota akkamiiti?

A. Namoota ariifatan C. Namoota hin baranne

B. Namoota bilchina qaban D. Namoota ejjennoo hin qabne

57. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala badaa hin ibsu.

A. Xawalwaallummaa C. Ejjennoo dhabuu

B. Cichoomina D. Hanna

58. Gochaaleen gaarummaa nama tokkoo irraa eegaman maal fa'i?

A. Amanamummaa dhabuu C. Loogii

B. Gara laafummaa D. Waliin dhahuu

59. Adeemsa araaraa qaamni sadaffaan aangoo murtoo murteessuu hin qabne kami?

A. Jaarsummaa B. Maanguddummaa C. Mana murtii D. Yaajokaa

60. Yaadrimee nageenyaa ilaalchisee sirrii kan hin taane kami?

A. Dhiphinnii fi yaaddoon jiraachuu dhabuu C. Seerrii fi qajeelfamni hojiirra ooluu

B. Mirgoonni namummaa sarbamuu D. Waraanni jiraachuu dhiisuu